Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (1). P: 1-30, December 2022
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Paper

Xiinxala Akkaatummaa Sadarkaawwan Xiinqooqaa Barwalaloowwan Oromoo Filatamanii

Hirphaa Baqqalaa[1*], Tashoomaa Egeree[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]

[1]Yuunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gaazexeessummaa
Email: abbaadeebii2020@gmail.com; hirphaabaqqalaa403@gmail.com
[2]Yuunivarsitii Jimmaatti Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
Email: aseegere@yahoo.com
[3]Yuunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gaazexeessummaa
Email. megersaabeye@gmail.com

AXAREERA

Kaayyoon qorannoo kanaa akkaatummaa sadarkaawwan xiinqooqaa barwalaloowwan Oromoo filatamanii xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuufis, mala akkamtaafi saxaxa ibsaatu filatame. Kitaabota barwalaloo "Anaan'yaa"fi "Obomboleettii" keessaa walaloowwan akkaatummaaf mijatan sakatta'uun shan, shan walitti walaloowwan kudhantu mala akkayyootiin filatame. Maddi ragaalee qorannichaas madda ragaa tokkoffaa ta'ee ragaaleen tooftaa xiinxala barruutiin walitti qabamaniiru. Ragaaleen kunneenis, gareetti qoqqoodamuun adeemsa adeessuu-xiinxaluu-madaaluutiin yaaxxina akkaatummaa bu'uureffachuun argannoowwan kanatti aananii jiran argamaniiru. Akkaatummaan haala barreeffamaa keessaa haquufi luuccessanii barreessuun kitaabota lachuu keessatti hojiirra oolaniiru. "Obomboleettii" keessatti (mallattoo gaaffiifi raajeffannoo yeroo tokkotti iddoo tokkotti gargaaramuu, jechoota hedduu sarara xiqqaan walitti hidhuun hima ijaaruu…tu) hojiirra oole. "Anaan'yaa" keessatti immoo, (bo'oowwan hundi qubeewwan xixiqqaan jalqabuu, bo'oowwan muraasni sarara xiqqaan eegaluu, jechootni ulaagaa tokko malee gidduu bo'ootti qub-guddeessa gargaaramuutu) mul'ate. Kanneentu, walaloowwaniif midhaagina kennuun ergaan walaloowwanii xiyyeeffatamuun faana akka dhahamu taasise. Jechoonni walaloowwan kanneen keessatti dhiyaatanis, amala marmaarinsaan mul'achuu waan agarsiisaniif hariiroo gubbaa-gadiifi dalgee uumuun walunannaan yaadaa akka jiraatu godhaniiru. Marmaaruun himootaas, bo'oowwan walaloowwanii gidduutti walitti hidhaminsa yaadaa uumuun ergaan qindoomina jabaa qabu akka darbu taasisee jira. Sadarkaa hiikaatti immoo, qooddattoota walaloowwanii faana dhahuudhaan hiikaa jechoonni sunneen baatanii jirantu faana dhahame. Kunis, ergaawwan walii galaa walaloowwan keessa dhokfaman barbaaduuf akka karaatti gargaaruu danda'uutu hubatame.

***Jechoota ijoo**: Akkaatummaa, Sadarkaa Haala Barreeffamaa, Sadarkaa Jechaa, Sadarkaa Himaa, Sadarkaa Hiikaa, Barwalaloo*

How to cite: Hirphaa Baqqalaa, Tashoomaa Egeree and Magarsaa Dhinsaa (2022). Xiinxala Akkaatummaa Sadarkaawwan Xiinqooqaa Barwalaloowwan Oromoo Filatamanii. Journ. Univer. Scien & Techn.. Vol:2(1), Page:1-30.

SEENSA

Akbarruun amala haalli waan tokkoo ittiin ibsamu ta'ee, akkaataa adda ta'een karaa barreessitoonni itti waan jechuu fedhan jedhaniidha (Sharma 2018). Yaada kanarraas kan hubatamu, barreessitoonni waan isaan jedhanirra, akkaataa isaan ittiin waa jedhan kan nama biraarraa adda kan isaan taasisu ta'uu isaati. Maalummaa akbarruu kana Leech fi Short (1981) akbarruun haguugduu (uffannaa) ergaa akka ta'eetti ibsu. Kana jechuunis, barreessitoonni akbarruutti gargaaramuun karaa adda ta'eefi afaan adda ta'een yaada, miira, dandeettii, qalbiifi ergaa haala murtaawaa keessatti dabarfatu. Karaan ittiin dhaamsa dabarfatan kunis, nama tokkorraa gara nama biraatti garaagara ta'uu danda'uu isaati.

Akkaatummaan gosoota hedduu of jalaa qaba. Isaan keessaa akkaatummaan ogbarruu, sadarkaawwan xinqooqaatti gargaaramuudhaan ogbarruu ibsuudha. Kana yommuu jennu, ogbarruu hiikuu keessatti yaada dhuunfaa ofiitiin akkuma barbaadanitti waa jechuurra, afaan ogbarruun sun ittiin dhiyaate akka ragaatti fayyadamuudhaan xiinxaluutu barbaachisaadha. Yaada kana haala deeggaruun Baldick (2001) akkaatummaan ogbarruu sadarkaawwan xiinqooqaatti gargaaramuudhaan haala gadi-fagina qabuun hojicha hiikuu akka ta'etti ibsa. Short (1996) yaaduma kanaan wal fakkaatu yommuu ibsu, akkaatummaan ibsa xiinqooqaa akka yaaxxinaatti gargaaramuudhaan hojii ogabarruu xiinxaluu ta'uu eera.

Karaa birootiin immoo, walitti dhufeenya akkaatummaafi ogbarruu qeequu gidduu jiru, Widdowson (1975) akka ibsutti, akkaatummaan walitti hiituu xiinqooqaafi qeeqa ogbarruu ta'ee, walitti hidhamuu isaaniitiin immoo tajaajila kennamu akka ta'eedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, akkaatummaan xiinqooqaafi ogbarruu gidduu hariiroon akkamii akka jiru kan nutti agarsiisuudha. Kana jechuunis, ergaan ogbarruudhaan yommuu darbu, akkamitti xiinqooqa bu'uureffatee akka darbe xiinxaluudha. Yaaduma kana cimsuun Carter (1989) akka ibsutti, akkaatummaan riqicha gooroo xiinqooqaafi ogbarruu walitti hidhuuf hundeeffame akka ta'eedha.

Yaadota oliirraa kan hubatamu, ogbarruu ijaaruu keessatti faayidaan xiinqooqni qabu olaanaa ta'uu isaati. Sababnisaas, ogbarruu tokkoof cimina kan ta'u keessaa tokko, akkaataa barreessitoonni afaanitti dhimma ba'aniidha. Barwalaloowwan Oromoo keessattis akkaatummaan qoratamuun

qeeqa barwalaloo cimsuu keessatti shoorri inni qabu olaanaa ta'a. Kanaafuu, barwalaloowwan Oromoo filataman kanneen keessatti gooroowwan xiinqooqaa gargaaramuun akkaataa waloowwan ergaa isaanii itti qindeessanii dabarsantu xiyyeeffatame.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa, akkaatummaa barwalaloowwan Oromoo keessaa kitaaba "Obomboleettii"fi "Anaan'yaa" filachuudhaan xiinxaluudha. Sababiin dhimmi kun xiyyeeffatameefis, gooroo ogbarruu Oromoo irratti xiinxalli gadi fagoon adeemsifame muraasa ta'uusaati. Keessattuu, barwalaloowwan Afaan Oromootiin barreeffaman babal'ataa akka jirantu mul'ata malee, gama qeeqa isaa irratti akka xiyyeeffatamuuf qorannoon haala gad fageenya qabuun gaggeeffame muraasa. Kanaafuu, dhimma qeeqa barwalaloo irratti akka xiyyeeffatamuuf, qorannoon gad-fagoon yoo gaggeeffame guddina barwalaloo Oromoo irratti waa dabaluu danda'a yaadni jedhu kaka'umsa keessa qorataatti uumeera.

Qorannoo kana gaggeessuu jalqabuudhaan walqabatee qorataan sakatta'a yeroo taasisetti, qorannoon walfakkii hojjataman ni jiru. Isaan keessaa Tashoomaan (2018) mata duree "Qaaccessa Walaloo Zalaalam Abarraa 'Ana, Anaafi Ana" jedhurratti hojjateera. Qorannoowwan kunneen dhimmoota wal isaan fakkeessu hedduu qabaatu. Garaagarummaan qorannoowwan kanneenii qoratichi walaloowwan Zalaalam keessaa tokko qofa fudhatee xiinxale. Qorannoo kana keessatti immoo, walaloowwan kitaabota "Obomboleettii"fi "Anaan'yaa" keessaa fudhachuudhaan xiinxalame.

Walumaagalatti, qorannoo kana gaggeessuudhaaf kaka'umsa keessa qorataatti kan uume, gooroo ogbarruu keessaa barwalaloon xiyyeeffannoo gahaa argachuu dhabuudha. Xiinxalli gooroo ogbarruu barwalaloo irratti gaggeeffamu kun immoo, dagaagina goorichaatiif gumaacha hedduu niqabaata amantaa jedhu keessa qorataatti uumeera. Qaawwi armaan olitti kaafames akka duuduu danda'utti wantoota qorannoo kanneeniin kaafaman akka ka'umsaatti fudhachuun akkaatummaa barwalaloowwan filatamanii gad-faginaan xiinxalamuun isaa adda isa godha. Kanaafuu, yaadota olitti kaafaman kanneen bu'uureffachuudhaan qorannoon kun "Akkaatummaan sadarkaawwan xiinqooqaa barwalaloowwan filataman keessatti akkamiin hojiirra oole?" gaaffii jedhu deebisuu danda'eera.

SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

Jalqabbii akkaatummaa yoo ilaalle, walakkeessa jaarraa 20ffaa keessa haayyootni unkummaa warra Raashiyaa, hayyootni caasessummaa warra Awurooppaafi Jakobsoon kan jedhamu nama biyya Rumaaniyaatiin eegalame. Kaayyoon yaaxxina kanaas, hojii ogbarruu tokko ulaagaa malee akkasumatti xiinxaluu irraa gara ragaa qabatamaan gooroowwan xiinqooqaa bu'uura godhachuun karaa saayinsawaa ta'een xiinxaluuf yaadameetu (Abrams, 1999). Ulaagaan akkaatummaa keessatti ogbarruu ittiin madaaluuf gargaaru immoo, gooroowwan xiinqooqaa akka ta'antu yaada nama kanarraa hubatama. Kanumarraa ka'uudhaan, qorannoo kana keessattis dhiyaannaa kanaatti gargaaramuun ulaagaawwan gooroo xiinqooqaa akka bu'uuraatti fudhatamuudhaan walaloowwan filataman kunneen xiinxalaman jechuudha.

Akkaatummaan kunimmoo gooroowwan gurguddoo sadii: akkaatummaa xiinqooqaa, akkaatummaa afaan barsiisuu keessattiifi akkaatummaa ogbarruutti qoodamu (Cuddon, 1998 fi Lazar, 2009). Isaan kanneen keessaa akkaatummaan ogbarruu gooroowwan xinqooqaa adda addaatti gargaaramuudhaan ogbarruu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Yaaduma kana Baldick (2001) yommuu ibsu, akkaatummaan ogbarruu hojiiwwan kalaqaa bifa barreeffamaafi dubbiitiin jiran amaloota xiinqooqaatti fayyadamuun xiinxaluudha jedha.

Hojiilee kalaqaa qeequufi xiinqooqa wal-unachiisuu keessatti gaheen akkaatummaa guddaadha. Yaada kana Carter (1989) yoo ibsu, akkaatummaan riqicha ogummaa xiinqooqaafi hojiiwwan ogbarruu walitti qabsiisuun ilaalu akka ta'e ibsee jira. Akka waliigalaatti, akkaatummaan qorannoo itti fayyadama afaan barreeffamaafi dubbii bifa saayinsawaa taheen qoratuufi hiika hojiilee kalaqaa ittiin hubachuuf gargaaru akka ta'eedha. Akkaatummaan barwalaloo xiinxaluuf amaloota walaloon sun sadarkaa haala barreeffamaatti, sadarkaa sagaleetti sadarkaa jechaatti, akkasumas, sadarkaa himaatti agarsiisetu xiyyeeffatama. Isaan kanneen akka kanatti aanee jiruun bal'inaan ilaaluun ni danda'ama.

Akkaatummaa keessatti sadarkaawwan gooree xinqooqaa adda addaa fayyadamuun hojiin kalaqaa akka xiinxalamu olitti kaafneerra. Isaan keessaa akkaatummaan sadarkaa haala barreeffamaa isa tokkodha. Sadarkaa kana keessatti wantoota ilaalaman Aslam and et al (2014) yoo ibsan "Graphology is the analogous study of a language's writing

system; the formalized rules of spellings" jechuun ibsaniiru. Yaada kanarraa, haalli barreeffamaa saayinsii wanta sirnoota barreeffama afaanii keessatti walfakkaatan kan qoratu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Akkasumas, akkaataa seera qubeeffamuu afaaniillee kan qoratuudha. Gama faayidaa isaa ilaalchisuudhaan immoo, Adil (2014) yoo ibsu, "Graphological deviation is exemplified by the neglecting of the rules related to punctuation, e.g. writing without using capital letters, or without using spaces or rhymes" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, sadarkaan haala barreeffamaa kan inni akka fakkeenyaatti agarsiifamu irraa maqiinsa sirna tuqaalee, qubguddeessaafi boca walaloo gara garaa, akkasumas bakka jechoota gidduutti hafuu qabu ibsuu yookiin seera afaanichaa baratamaa ta'e hordofanii barreessuu dhiisuu akka ta'edha.

Akkaatummaan sadarkaa jechootaa qabiyyeewwan gara garaa kanneen akka filannoo jechootaa, jechoota hiikaa walfakkaataa qaban (moggoo), faallummaa jechoonni waliin qabanii (lakkuuwwan faallaa)fi hariiroo jechootaa waliin deemuu isaanii kan ilaaluudha (Shamkhi, 2015). Yaaduma kana Adil (2014) akka ibsutti, "Lexical level is created by the poets by using words in a special way that differs from its ordinary usage" jedha. Yaada waraabbii kanarraa kan hubatamu, walaloo keessatti akkaatummaan sadarkaa jechootaa, jechoota waloodhaan uumamanii karaa adda ta'een yookiin karaa hunda galeessa ta'een itti fayyadamamu ta'uu isaati. Dabalataanis, Sharma (2018) yoo ibsu, akkaatummaan jechootaa miidhagummaa walalootiif kan oolu ta'ee, gosoota jechootaa adda addaa kan namoonni dandeettii kalaqaa qaban itti gargaaramaniidha, jedha.

Akkaatummaan sadarkaa himaa immoo, hariiroo caasaa xiinqooqaa gaalee, ciroofi hima keessatti gubbaa gadiifi dalga waliin qaban ilaallata (Stanford, 1999). Yaaduma kana Sharma (2018) yommuu ibsu, xiinhimni ijaaramuu jechootaa ta'ee, akkaataa gareen jechootaa walitti qindoomuun gaaleefi hima uuman kan qoratuudha. Akkaatummaan sadarkaa hiikaa immoo, akka Adil (2014) ibsutti, akkaatummaan hiikaa hunda haammataa ta'ee jechoota hubatamuu danda'aniin hiikni akka hundaanuu dinqisiifatamuu danda'utti dhiyaachuu akka ta'eedha. Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti akkaatummaa sadarkaawwan xiinqooqaa kanneen armaan olitti dhiyaatan bu'uureffachuun walaloowwan filataman xiinxalamaniiru.

Qorannoo kana keessatti yaaxxinoota ogbarruu keessaa barwalaloowwan kanneen xinxaluudhaaf kan filatame yaaxxina akkaatummaati. Sababiin isaas, xiyyeeffannoon yaaxxina kanaafi kaayyoon qorannoo kanaa walunataa waan ta'eefidha. Xiyyeeffannoon yaaxxinichaas, yaadonni marmaarinsaan (repitetion), maqinsaan (deviation)fi faana dhahummaadhaan (foregrounding) akkamittiin walaloowwan keessatti ergaa akka dabarsan agarsiisuu irratti xiyyeeffata. Kanuma bu'uureffachuudhaan barwalaloowwan filataman kanneen keessatti utubbii gooroowwan xiinqooqaa kan barwalaloowwan ittiin ijaaramantu xiyyeeffatame. Hojiirra oolmaa gooreewwan xiinqooqaa kanatu yaaxxina akkaatummaa kanaan xiyyeeffatamee kaayyoo qorannichi qabatee ka'e deebisuu danda'e.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoon kun akkaatummaa sadarkaawwan gooroowwan xiinqooqaa barwalaloowwan Oromoo keessaa filatamanii irratti xiyyeeffatame. Kana galmaan ga'uufis, mala akkamtaatti dhimma ba'uudhaan dhiyaatee jira. Sababiin isaas, ragaaleen qorannoo kana keessatti dhiyaatan jechootaan xiinxalamuuf mijataa waan ta'aniifidha. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti ragaaleen argaman gadifageenyaan akka barbaachisummaa isaaniitti jechaan ragaadhaan deeggaramanii kan xiinxalamaniidha. Qorannoon kun barwalaloowwan Oromoo keessaa Zalaalem Abarraatiin kan dhiyaate "Obomboleettii" kan jedhuufi Asafaa Tafarraatiin kan barreeffame "Anaan'yaa" kan jedhu keessaa warra filataman irratti xiyyeeffate. Walaloowwan filataman kunneenis akka madda ragaa tokkoffaatti dhimma itti ba'amaniiru.

Kaayyoo qabatamee ka'ame galmaan gahuuf, iddatteessuun dhimma itti ba'ame akkayyoodha. Sababiinsaas, barwalaloowwan Afaan Oromootiin barreefaman keessaa kanneen kitaabota eeraman keessatti dhiyaatan xiinxala akkaatummaatiif mijachuun isaanii sakatta'amuun filatamuudha. Kanuma irraa ka'uun, qorannoon kunis walaloowwan kudhan (10) qofa irratti daangeffameera. Walaloowwan kunneenis, qabiyyee kitaabota kanneenii keessaa shan, shan jechuunis "Anaan'yaa" keessaa walaloowwan (geeraruu, moo yeelalu?, abbaa hibboo, imimmaan dubartii, kaleessarra bor wayyaafi sareen baasa baafteetu) filatamee jira. Haaluma walfakkaatuun, "Obomboleettii" keessaas (Arraa Gurbaa!, Mana Cina Karaa,

…Jedhe, Diggaa Saaqoo!, Funyaaniifi Eeyyee!) kanneen jedhaman falatamaniiru.

Walaloowwan filataman kanneen irraa ragaaleen yommuu fudhataman tooftaalee funaansa ragaalee keessaa xiinxala barruutti dhimma ba'amee jira. Kana irraas odeeffannoon qabxiilee xiyyeeffannootiin (check list) walitti qabamuu danda'eera. Sababiin tooftaan kun dhimma itti ba'ameefis, wantoota walaloowwan kanneen keessa jiran hunda fudhachuun xiinxaluun waan hindanda'amneef ragaalee ittiin seecca'uuf gargaaruu isaati. Ragaaleen erga walitti qabamanii booda, yaada Short (1996) bu'uureffachuun adeemsa (addeessuu-hiikuu-madaaluu) jedhuun yaaxxina akkaatummaatiin xiinxalamaniiru.

DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Akkaatummaa Sadarkaa Haala Barreeffamaa Walaloowwan Filatamanii

Sadarkaan haala barreeffamaa sirna barruun tokko ittiin dhiyaate irratti xiyyeeffata. Yaada kana Leech (1969) yommuu ibsu, haalli barreeffamaa sirna barruun ittiin dhiyaatu ta'ee, kallattiin xiyyeeffannoo isaa, kanneen akka sirna tuqaalee, akkaataa keeyyanni ittiin ijaaramuufi walirraa siquufi walitti siquu barreeffamaa of jalatti akka qabatuudha. Haala barreeffamaa keessaa inni tokko haquudha. Haquun kunis, walqixxummaa bo'oowwan walaloo gidduutti hambisuudhaan miirri yeedaloofi muuziqaa akka jiraatu taasisa. Dhimmi kun walaloo "geeraruu, moo yeelalu?" jedhu keessatti sagalee dubbii yookiin birsaga haquun hudhaa bakka buusuun mul'ateera. Kunis, bo'oo (15) kan "maalan godha guddaa'saa" jedhu keessatti jecha "isaa" jedhu biraa dubbachiiftuu /i/ haquudhaan hudhaa /'/ bakka buusuun "'saa" jechuun dhiyeesseera.

Dhimmi kun walaloo "kaleessarra bor wayya" jedhu keessatti bo'oo (2) kan "hadharra 'mmoo kaleessaa," jedhu keessattis mul'ateera. Bo'oo kana keessatti jecha "ammoo" jedhu dubbachiiftuu /a/ biraa haquun hudhaa /'/ bakka buusuun "'mmoo" jedheera. Akka seera qubeessuu Afaan Oromootti qubeen dubbifamaa jabaafi kan biroon tarree tokko keessatti hudhaafi dubbifamaan bifa tokkoo lama hiriira tokko keessatti dhufaniiru. Kun seera dhamsaga afaanichaa cabsuudha. Kan cabsame seericha wallaaluun osoo hinta'iin, sagalee muuziqaa uumuufidha. Irraa maqinsi kun midhaagina walalichaaf taasifame jechuudha. Walaloo "sareen baasa baaftee" jedhu bo'oo (4) keessatti immoo, bo'oon "huubaa 'jjin soorannaa" jedhu jecha wajjin jedhu birsaga "wa" biraa haquudhaan hudhaa bakka buusuun

/‘jjin/ jedhee gabaabse. Bo’oowwan eeraman kanneen keessatti haquun hojiirra ooluudhaan wanti argame, bo’oowwan waliin hiriiran gidduu walqixxummaan safara birsagootaa akka jiraatu taasisuudha. Kunimmoo, walalicha midhaagummaa gonfachiisuun ergaan walalichaa akka xiyyeeffatamuuf haala mijeessuu danda’uu nama hubachiisa.

Cufi ujummoo ‘shee afuurri haa cituu.....4
Attam abbaa ’shee buttee si fixxi?.....9
Liqimsituu ’shee ciriqi hudhi, micciiri kokkee.....30
Cufi ujummoo ’shee afuurri haa cituu.....31
(Obomboleettii, 2017).

Haquun kun bo’oowwan eeraman kanneen hunda irraa akkuma hubatamu, walaloo “Arraa Gurbaa” keessatti dubbachiiftuu /i/ haquun hudhaa /’/ bakka buusuun mul’atee jira. Kunis jecha “ishee” jedhu akkuma jiruun barreessuurra “’shee” jedhee barreessuuf gargaare. Akkaataa kana fakkaatuun barreessuun waloo kanaa, lakkoofsonni birsagoota bo’oowwan eeraman kanneenii kan bo’oowwan biroo waliin walunatee yeedaloo walfakkaataafi amala muuziqaa qalbii namaa ofitti harkisu akka qabatuufidha. Kana malees, walaloo “Mana Cina Karaa” keessatti haquun bo’oowwan hedduu keessatti jechoota kanneen akka ana (‘na), irra (‘rra), isaa (‘saa), abbaa (‘bbaa, abaa’)fi haanyaatuu (‘nyaatuu) jedhan keessatti sagalee dubbii yookiin birsaga haquudhaan hudhaa /’/ bakka buusuutu mul’atee jira. Sababii kun ta’eenis, lakkoofsa birsagoota bo’oowwan kanaafi kanneen biroo gidduu jiru walunachiisuuf isa gargaareera. Kun immoo, yeedaloo midhaagaa walalichaaf kennuun qalbii namaa ofitti qabee, achumaan ergaa dabarfamu sana biraan gahuuf akka riqichaatti gargaaree jira.

Haalli barreeffamaa haquun walaloo “Funyaan” jedhu bo’oowwan (14,57,68) keessatti jecha “isaa” jedhu /’saa/ jedhee dhiyeesseera. Ittuma fufuun, jecha “irra” jedhu bo’oowwan (18, 33, 51, 67) keessatti /’rra/ jechuun dhimma itti bahee jira. Bo’oo (45) keessatti immoo jecha “ishee” jedhu /‘shee/ jechuun bakka buuseera. Kana malees, bo’oo (41) kan “Gabaa haadha raayee’ kana…,” jedhu keessatti jecha “raayee’” jedhu fudhannee yoo ilaalle, dhuma jechichaa irratti hudhaa ida’eera. Ulaagaan jechi kun sagalee dubbifamaa hudhaadhaan /’/ dhumuuf tokkollee hinjiru. Waloon ammoo, seera duraan jiru irraa maqsuun jecha kana dhiyeesse. Walaloo “Eeyyee!” jedhu keessattis saaguun hojiirra oolee jira. Kunis, bo’oo (10) kan “gom’aa?” jedhu

“gomm’aa…?” jedhamuun dhimma itti ba’amuudha. Afaan Oromoo keessatti sagaleen dubbifamaan sadii walitti aanee hinbarreeffamu. Waloon garuu, dhamsaga /m/ lamaafi hudhaa walitti aansuudhaan barreesseera. Bo’oo (16) keessattis, jecha “obboroo” jedhu “’bboroo” jechuudhaan barreesse. Kanis, sagalee dubbachiiftuu /o/ haquudhaan hudhaa bakka buuse jechuudha. Bo’oo (17) kan “indaaqqoo” jedhu biraas sagalee dubbichiiftuu /i/ haquudhaan “’ndaaqqoo” jedheera. Bo’oo (22) keessatti bamaqaa “isheetu” jedhu “’sheetu” jechuufi bo’oowwan (60, 95, 96, 166) keessa bamaqaa “isaa” jedhu “’saa” jechuudhaan gargaarame. Bamaqaalee kanneen irraa sagalee dubbachiiftuu /i/ haquudhaan sagalee dubbafamaa hudhaa /’/ bakka buusuu isaatu argama. Warra kanneen seera duraan jiru irraa maqsuun dhiyeessuun waloof mirga ta’us, irra caalaatti akkaataa kanaan dhiyaachuun jechoota kanneeniifi ergaa waliigalaa walalichaaf midhaagina kennuun walaloowwan xiyyeeffannoo addaatiin faana dhahuun waa bira gahuuf gargaare.

Haalli barreeffamaa biroon walaloo “geeraruu, moo yeelalu?” jedhu bo’oo (16) “na ga’eera fudhaa kaa…” jedhu keessatti mul’ate sirna tuqaalee keessaa tuttuqaatti gargaaramuudha. Kunis akka lamaan ilaalamuu danda’a. Isaanis, yaada hinjedhamiin hafe kan dubbisan/dhaggeeffatan itti guutuufi geeraranii yommuu xumuran nama birootti kennuuf…akka ceesisaatti itti gargaaramuu baatee dhufeera. Kana malees, walaloo “sareen baasa baaftee” jedhu bo’oo (6) “dhiifnaan baafnee gannaa…” kan jedhu keessattis dhimma itti ba’amuutu mul’ata. Kunis, sareen sun yaada hedduu akka qabdu, ammoo dubbachuu akka hinbarbaanne namatti agarsiisa. Isa jedhame faana godhachuun, isa hinjedhamiin hafe faana nama dhoofsisa.

Walaloo “Arraa Gurbaa!” jedhu keessatti immoo bo’oowwan eeraman keessatti tuttuqaan (…) kun hojiirra oolutu mul’ata.

Yaa bada fattee…, bada fatittii!. 1

Qomoon kee kaanoo.....24

Egaa…meeshaa ati qabdu irree fi sammuu kee.....29

Yaa bada fattee…, bada fatittii!.....38 (Obomboleettii, 2017).

Bo’oowwan eeraman kanneen keessatti tuttuqaan kun yaa’insi yaadaa itti fufinsa qabu akka jiru agarsiisuufi yaada (gorsa) waloon fatteef qabu, ammoo kan osoo hinjedhiin dhiise…isa hafe kan dubbistoonni/dhaggeeffattoonni itti guutanii hubatan agarsiisuuf gargaare.

Tuttuqaan sababa dhufeef dhimmichi dhimma hafuura baafachuufi hafuura baafachuu dhabuu yookiin dhimma du'aafi jireenyaati. Jecharra gochatu olaantummaa qabatee argame. Tuqaan tokko tokkoon ishii imala boolla qarqara imalaniiru. Ta'insa akkasii keessatti jecha duraa duuba tarreessanii seenaafi seenessama dheeressanii dhangalaasuuf yeroon hinjiru. Muddamaadha. Kana agarsiisuuf tuttuqaan akkas dhangala'ee dhufe. Tuttuqaatti gargaaramuun kun walaloo "Mana Cina Karaa" bo'oowwan hedduu keessattis hojiirra oolera. Kunimmoo, walaloof midhaagina kennuudhaan ergaan walalichaa akka hindagatamnetti qalbii namaatti akka qabatuuf gargaaruu danda'uu isaatu hubatama.

Walaloo "…Jedhe, Diggaa Saaqoo!" jedhu mata dureedhuma isaa fudhannee yoo ilaalle tuttuqaatti /…/ dhimma ba'eera. Faayidaan mallattoo kanaas, yaadonni Diggaadhaan jedhaman hedduun jiraachuu namatti agarsiisa. Kunimmoo, "Diggaan maal jedhe laata?" gaaffii jedhu nama keessatti uumuudhaan gara waan sana barbaaduutti nama qajeelcha. Dhuma matadurichaa irratti immoo, mallattoo raajeffannootu argama. Kunis, wanti Diggaan jechuuf deemu raajeffachiisaa akka ta'e karaarra nama buusuuf gargaara. Walaloo "Funyaan" jedhu keessattis tuttuqaan /…/ kun bo'oowwan (1, 4, 6, 8, 10, 30, 32, 34, 41, 58, 60, 66) keessatti takka gidduutti, takka immoo dhuma bo'oowwanii irratti dhimma itti ba'amuutu mul'ata. Akkuma kana, tuttuqaan kun walaloo "Eeyyee!" jedhu bo'oowwan (3, 4, 9, 10, 12, 14, 16, 31, 99, 101, 103, 106, 113, 151, 165) keessatti kan mul'ate yommuu ta'u, iddoo kaanitti gidduu, iddoo birootti immoo dhuma bo'oowwanii irratti mul'ateera. Kunis wanti inni walaloo kanaaf gumaache, waloon hundumaa himuun waan isarraa hineegamneef, waan jechuu barbaade karaasaa banee isa hafe dubbistoonni yookiin dhaggeeffattoonni akka itti guutan taasisuuf gargaaruu danda'ee jira. Faayidaan inni biroo, yommuu dubbisanitti iddoo sagaleen jechoota warra kaan irraa adda ba'ee ol kaafamee dubbifamu agarsiisuuf gargaareera. Keessattuu, inni dhuma bo'oowwanirratti argamu haala kana uumuuf mijataadha.

Walaloo "abbaa hibboo" keessatti bo'oowwan armaan gadii jalqabaratti sadarkaa haala barreeffamaa keessaa sarara xiqqaa /-/dhaan jalqabuutu mul'ata.

-hibboo……..1
-hibbak……..2
-naanoo na waamanii…….……...3
-atimmoo essa haqxa?.....4
-aaddidduu…….5

Bo'oowwan kanneen irraa kan hubatamu, akka seera barreeffama Afaan Oromootti bo'oon walaloo yommuu barreeffamu sarara xiqqaadhaan jalqabuudhaaf ulaagaan eeyyamu hinjiru. Waloon garuu, waan seerri afaanichaa hineeyyamne irraa maquudhaan dhiyeessee jira. Walaloo "sareen baasa baaftee" jedhu bo'oo (7) yoo ilaalle, bo'oon "-jette jedhan *warraan"* jedhu sarara xiqqaa /-/dhaan jalqabame. Waloon sarara xiqqaa jalqaba bo'oo kanaarratti fiduudhaan, bakka waraabbii qeenxee yookiin waan sareen akka nama jalqabaatti jette sana himoota biroo irraa addaan baasuudhaaf dhimma itti ba'ee argameera. Akkaataan kun walalichi midhaagummaa addaa dabalachuudhaan dubbistoota biraa xiyyeeffannoon addaa itti kennamee akka dubbifamuuf haala mijeessuu danda'uu isaa nama hubachiisa.

Haalli barreeffamaa hojiirra oole inni biroon, jechoota muraasa luuccessanii (italic) barreessuufi dhimma qub-guddeessaati. Kunis walaloo "abbaa hibboo" bo'oo (17) kan "gaararraanis *Namaa*?" jedhu keessatti jechi "*Namaa?"* jedhu akkaataa inni itti barreeffame yoo ilaalle, ulaagaa tokko malee luuccessanii barreessuufi sagaleen jalqaba jechichaa /*N*/ qubee guddaan barreefameera. Yaada kanarraas kan hubatamu, gaaddidduutu abbaa hibbootiin "Ati nama miti; gaararraadha malee,… akka gaararraa shan fakkaatta!" jettee arrabsuu ishiitu hubatama. Walaloo "sareen baasa baaftee" jedhus bo'oo (7) "-jette jedhan *warraan"* jedhu keessatti haalli inni barreeffame jecha "*warraan"* jedhu luuccesseera. Kuni immoo, jechoonni kunneen xiyyeeffannoo addaa argachuudhaan waloon "Maaliif akkaataa kana gargaarame?" gaaffii jedhu kaasuun ergaa walalichaa faana dhoofsisuuf gargaaruu nama hubachiisa. Walaloo "kaleessarra bor wayya" jedhu keessattis har'a irra utaaluudhaan kaleessaafi bor waliin dorgomsiisuun haala barreeffamaa ta'ee dhiyaateera. Kanarraa jecha "hadha" jedhu (kan irra utaalame) keessa ergaan dhokatee jiraachuutu hubatama. Innis dhaloota har'aa yookiin warra kaleessaafi borii gidduu warra akka riqichaatti jiran harkatti irbuun gameessaa baduu quba nama qabsiisa.

Luuccessanii barreessuun walaloo "Mana Cina Karaa" bo'oowwan (39, 44, 54, 84) keessatti jechi "*Abeet…*!" jedhu bo'oowwan (20,123) keessattis jechi "*xabareessaa*" jedhu luucceffamee barreeffamaniiru. Sababiin akkaataa kanaan barreesseefis, jechoonni kunneen jechoota Afaan Oromoo akka hintaane agarsiisuufidha. Kanamalees, bo'oowwan (107,108,109) keessatti gaaleewwan "*Bishaan Harkaa*", "*Irbaata*

Keessummaa”fi “*Midhaan Ammaa*” jedhantu luucceffamuun barreeffame. Warri kunneen immoo, maqaa ijoollee warra saniiti. Kunis kan ta’eef, maqaa ijoolleesaa kan duraan keessummaan galgalaa akka biraatti hubachaa ture amma qajeelchee akka hubatuuf gargaare. Dabalataanis, maqaan ijoollota sadan kanaa warra dhaggeeffatan yookiin dubbisan biratti xiyyeeffannoo addaa akka argataniifidha.

Luuccessanii barreessuun kun Sadarkaa himaattis guutummaan bo’oo (89) kan “*Barruu keessaa dhahan ciqileen qolataa…?”* jedhuu mul’ateera. Sababiin guutummaa bo’oo kanaa bo’oowwan kaan irraa adda ba’ee luucceffameef inni tokko, bo’oon kun sadarkaa yaadaan… osoo hindhaga’amiin sammuu keessummaa galgalaa keessatti hasaasaan jedhamuudha. Sababni lammataa, abbaan warraa sun arjummaa moo doqnummaa qaba? yaada jedhu xiyyeeffannoon agarsiisuuf oole. Walaloo “…, Jedhe Diggaa Saaqoo” bo’oowwan (4, 47, 62,) keessatti waloon jecha “*matta’aa*” jedhu qofa barreeffamoota kaan irraa adda baasuun luuccessuun barreesseera. Kunis kan ibsu, jaarsoliin guyyaa sana mootii wal dhabe lamaan walitti araarsuuf yaa’an “*matta’aadhaan*” dhugaa jallisuun isaanii xiyyeeffannoo akka argatu taasisuufidha. Luuccessanii barreessuun kun walaloo “Funyaan” jedhu bo’oowwan (18, 67) keessatti jechi “*pooppoo*” jedhuufi bo’oo (24) keessatti jechi tishoo “*leeba-shayi*” jedhu luucceffamuun barreeffamaniiru. Jechoota kanneen sababii waloon warra kaan irraa adda baasee haala kanaan barreesseef, jechoonni kunneen warra ergifataman akka ta’an yaadachiisuuf ta’a.

Walaloo “Arraa Gurbaa” bo’oo (26) “Eessaa allaattiin butee isaan kaataa?!”fi walaloo “…, Jedhe Diggaa Saaqoo!” bo’oo (81) kan “Bada Diggaa nan gowwoomee?!” jedhu keessatti mallattoo raajeffannoofi gaaffii (!fi ?)tu walitti aanuun hojiirra oolee jira. Bo’oowwan kunneen amala gaafachuus, raajeffachuus walfaana qabatanii dhiyaataniiru. Kunimmoo, xiyyeeffannoo addaa argachuudhaan Diggaan battalumatti gowwoomuu isaa takka dinqifachaa, takkas gaafachuuf carraa kenne. Gaaffiifi raajeffannaa keessa namaatti uumuudhaanis qooddattoota walalichaa akka faana dhahaniif karaa ta’a. Diggaanis gowwoomfamuu isaa takka of takkas nama gaafachaa, takkas raajeffachuu isaa faana nama dhoofsisa.

Haalli barreeffamaa hojiirra oole inni biroon, sarara xiqqaatti gargaaramuudhaan jechoota hedduu hima taasisuudha. Kunis,

walaloo “Mana Cina Karaa” bo’oo (126) keessatti “utuu-hin-dhiyiin-galuu” jedhu jechoota hedduu walqabsiisuun iddoo tokkotti hima taasisee dhiyeesseera. Haaluma walfakkaatuun, bo’oo (131) keessattis “Jooraatu-ollaa-bulaa” kan jedhus jechoota sadii sarara xiqqaadhaan walitti hidhuun hima godheera. Walaloo “Eeyyee!” jedhu keessaa bo’oo (133) keessattis “Kana-maaliif-godhaa” kan jedhu jechoota sadii walitti fiduun sarara xiqqaan walitti hidhee hima taasiseera. Faayidaan haalli kun qabatee dhufe seera duraan barame irraa maqsuudhaan walalichi midhaagummaa addaa gonfatee akka xiyyeeffatamuufidha. Kunis, namni yommuu dubbisutti/dhaggeeffatutti xiyyeeffannoo addaa itti kennee akka hordofuuf gargaareera.

Akkaatummaa Sadarkaa Jechootaa Walaloowwan Filatamanii

Akkaatummaa sadarkaa jechaa keessatti dhimmoota marmaaruu jechootaatu xiyyeeffatama. Jechoonni marmaaran kunneen immoo, hariiroo dalgeefi gubbaa-gadii uumuudhaan walitti hidhaminsi yaadaa akka walaloo keessatti akka uummauuf haala mijeessu. Kunis walaloo “geeraruu, moo yeelalu?” jedhu keessatti akkamittiin hojiirra akka oole gabatee armaan gadiirraa hubachuu dandeenya.

Gabatee1: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo “geeraruu, moo yeelalu?” Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay’ina jechoota walii galaa	Jechoota irra deddeebi’aman	Amma irra deddeebi’aman
Geeraruu, moo yeelalu?	47	na fi horteesaa	6
		geeraruu fi horteesaa	4
		yeelaluu fi horteesaa	2
		immoo (walqabsiiftuu)	2

Akkuma gabatee armaan olitti dhiyaate irraa hubatamutti, jechoonni hundeen jecha isaanii walfakkaataa ta’an bo’oowwan garagaraa keessatti marmaarinsaan mul’ataniiru. Kunimmoo, walitti hidhaminsi yaadaa walalicha keessatti akka uumamu taasise. Kana yommuu jennu, marmaaruu jechoota kanneeniitiin, bo’oowwan walalichaa gubbaa amma gadii jiran gidduutti hariiroo gubbaa-gadiifi dalgee uumuudhaan ergaan walalichaa jabaatee akka ijaaramu taasisuu hubatama.

Walaloo “abbaa hibboo” jedhu keessattis marmaaruun jechootaa kun hojiirra ooleera. Kanas, gabatee armaan gadii kanarraa hubachuun ni danda’ama.

Gabatee 2: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "abbaa hibboo" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
abbaa hibboo	48	anifi horteesaa	5
		fakkaachuufi horteesaa	4
		gurraattuma fi horteesaa	3
		ati fi horteesaa	3
		gaararraa	2
		lama	2
		gaaddidduu	2

Walaloo kana keessatti yaadonni dhiyaatan walitti hidhaminsa akka qabaataniif jechoonni gubbaa gadiifi dalgeetti hariiroo uumanii dhiyaataniiru. Yaada kanas, akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amu jechoonni fakkaachuu, an, gurraatuma, ati, gaararraafi gaaddidduu jedhan hariiroon gubbaa-gadii akka uumamu taasisaniiru. Sababa kanaan, walalicha keessatti bo'oowwan gubbaafi gad jiran gidduutti walitti rarra'uun yaadaa uumamee argameera. Jechi "lama" jedhu bo'oodhuma tokko (17) keessatti yeroo lama ofirra deddeebi'uu agarsiise. Kunis, hariiroon dalgee uumamuun bo'oo kana keessa walitti hidhaminsi yaadaa akka jiraatuuf haala mijeessee jira. Jechoonni olitti marmaaran ollaa waliitti hariiroo dalgeefi gubbaa gadittis hariiroo uumuudhaan yaadni walitti hidhaminsa qabuufi jabaa ta'e uumamee akka darbuuf haala mijataa uumaniiru. Kanumarraa ka'uun, ergaan walalichaa jechoota bo'oowwan adda addaa keessatti marmaaranii mul'atan kana irra dhaabbachuutu hubatamuu danda'a.

Akkaatummaan sadarkaa jechaa kun walaloo "imimmaan dubartii" keessattis uumamee jira. Kunis akkaataa ittiin hojiirra oole gabatee armaan gadii irraa hubachuu dandeenya.

Gabatee 3: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "imimmaan dubartii" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Imimmaan dubartii	28	imimmaaniifi horteesaa	3
		dubartiifi horteesaa	2
		dhiiraafi horteesaa	2
		haadhaafi horteesaa	2
		garaa	2

Walaloo kana keessattis walitti hidhamuun yaadaa kan uumame, jechoonni walalichaa hariiroo gubbaa gadiifi dalgee waliin qabaachuu isaaniiti. Kana jechuun jechoonni marmaarinsa agarsiisan kunneen bo'oowwan walalichaa gubbaa amma gadiitti jiran akka hapheetti walqabatanii ergaa qindaa'aa akka dabarsaniif haala mijataa uumanii jiru.

Walaloo "kaleessarra bor wayya" jedhu keessatti marmaarinsi jechoonni agarsiisan ni mul'atu. Kanaan immoo, bo'oowwan walalichaa gidduutti walitti hidhaminsi yaadaa akka uumamu ta'ameera. Kunis, akka kanatti aaneen jiruun gabateen qindaa'ee dhiyaateera.

Gabatee 4: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "kaleessarra bor wayyaa" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Kaleessarra bor wayyaa	16	kaleessa	3
		bor	2
		hadha	3
		ta'e	2

Walaloon kun buufata tokkoofi bo'oowwan shan qofa irraa ijaarame. Ta'ayyuu, waloon bo'oowwaniifi jechoota muraasa kana gidduutti hariiroo gubbaa-gadii jechootaa sirriitti uumee jira. Jechoota muraasa yaada ijoo qabatanii jiran iddoowwan garagaraatti ammaaf amma of irra deeddeebisuun hojiirra oolcheera. Akkaataan akkanaa kun caasaa walalichaa gidduutti hariiroo cimaa uumuudhaan yaadotni dhiyaatan walitti hidhaminsa jabaa akka qabaataniif gargaaree jira.

Akkaatummaan sadarkaa jechootaa walaloo "sareen baasa baaftee" jedhu keessattis hojiirra oolee jira. Gabatee kanatti fufee jiru irraa yaadota dhiyaatan addaan baafachuun nidanda'ama.

Gabatee 5: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "sareen baasa baaftee" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Sareen Baasa Baaftee	21	baasaafi horteesaa	2
		mammaaksaafi horteesaa	2
		sifa'eefi horteesaa	2
		soorannaafi horteesaa	2

Walaloo kana keessatti walitti hidhaminsi yaadaa karaa lamaan uumammeera. Inni tokko, karaa hariiroo dalgee jechoonni waliin qabaniin yoo ta'u, inni biroon immoo hariiroo gubbaa-gadii jechoota gidduutti uumameenidha. Kanas gabatee armaan olitti dhiyeete keessaa fudhachuudhaan yoo ilaalle, jechoonni baasa, mammaaksaafi sifa'ee jedhan hariiroo dalgaa uumuudhaan qindoominni gaariin bo'oowwan keessatti akka uumamu taasisaniiru. Jechi "sooranna" jedhu immoo, hariiroo gubbaa-gadii uumee jira. Akkaatummaan kun, jechoonni walitti rarra'anii (yaa'insa yaadaa uumanii) yeedaloomuun akka dhiyaataniif gargaaraniiru. Kunimmoo, walalichaaf midhaagummaa dabaluudhaan xiyyeeffannoon kennameefii qalbii namaa keessatti akka iddoo argatuuf gargaaree jira.

Marmaarinsi jechootaa walaloo "Arraa Gurbaa!" jedhu keessatti akkaataa garagaraatiin mul'ataniiru. Kana hubachuuf immoo gabatee armaan gadii haa ilaallu.

Gabatee 6: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "Arraa Gurbaa!" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Arraa Gurbaa!	202	Fatteefi horteesaa	10
		Baddeefi horteesaa	10
		Hudhiifi horteesaa	7
		Si fi horteesaa	7
		Micciiriifi horteesaa	5
		Afuurriifi horteensaa	5

Gabatee olii irraa hubachuun akkuma danda'amu, jechoonni garagaraa irra deddeebii agarsiisaniiru. Isaan keessaas, jechoonni akka fattee, baddefi si jedhan hariiroo dalgeefi gubbaa-gadii walfaana uumuudhaan walitti hidhaminsi yaadaa akka uumamuufi yaadonni akka wal qabataniif haala mijeessaniiru. Jechoonni hariiroo gubbaa gadii agarsiisan immoo, kanneen akka hudhi, micciiriifi afuura allaattiittii ciriqii jedhaniidha. Hariiroowwan kanneen irraa kan ka'e walitti hidhaminsi yaadaa akka uumamuufi ergaan walalichaa jabina godhatee akka dhiyaatuuf gargaaruu isaatu argama. Akkaataa akka kanaatiin dhiyaachuun jechoota kanneenii bo'oowwan walalichaa keessatti gubbaa-gadiifi bitaa-mirgatti hariiroo jabaataa uumuudhaan yaadonni walalicha keessa jiran akka hapheetti akka walqabataniif gargaaruu isaaniiti.

Akkaatummaan sadarkaa jechootaa kun walaloo “Mana Cina Karaa” jedhu keessatti haala gara garaatiin hojiirra oolee jira. Dhimmi kun walaloo kana keessatti akkamittiin hojiirra oole? isa jedhu gabatee kanatti aanee jiru irraa adda baafachuun nidanda’ama.

Gabatee 7: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo “Mana Cina Karaa” Keessatti

Mata Duree Walalichaa	Baay’ina Jechoota Walii Galaa Walalichaa	Jechootaafi Gaaleewwan Irra Deddeebi’aman	Amma Irra Deddeebi’aman
Mana Cina Karaa	722	Keessummaafi Horteesaa	23
		Jedhe	13
		Abbaa Warraa	8
		Galgalafi Horteesaa	8
		Deemeefi Horteesaa	7

Yaadota kana irraa kan hubatamu, hariiroon jechootaa karaa lamaan uumamuu danda’uu isaati. Inni jalqabaa, hariiroo gubbaa-gadii yoo ta’u, inni itti aanu immoo, hariiroo dalgeeti. Kana jechuunis, jechoonni walalicha keessatti dhimma itti ba’aman; faffaca’anii kan toora galan osoo hintaane, hariiroo gubbaa gadii yookiin jalqabaa hanga dhumaatti irra deddeebi’amuudhaan bo’oowwan walalichaa sirnaan akka midhaagina uumuu danda’anitti walitti hidhamaniiru. Akkasumas, jechoonni hariiroo dalgee waliin uuman bo’oo tokkorratti marmaaruu jechootaa irraa kan ka’e yaadni bo’oo walalichaa keessatti dhiyaate xiyyeeffannoo akka argatuufi amala yeedalummaa akka qabaatuuf gargaaree jiraachuutu hubatama. Kanatu bo’oowwaniifi buufatoonni walalichaa yaa’insa yaadaa qabaachuudhaan ergaan gad-fagoo ta’e akka darbuuf haala mijeesse.

Walaloo “…Jedhe, Diggaa Saaqoo!” jedhu keessatti akkaatummaan sadarkaa jechootaa kun hojiirra ooleera. Kanaafuu, jechoonni kunneen ammam akka irra deddeebi’an argachuuf gabatee armaan gadii haa ilaallu.

Walitti hidhaminsi yaadaa walaloo kana keessatti akka uumamuuf sababni jechoonni gabatee kana keessaa marmaaruudhaan mul’achuudha. Walitti hidhiminsi yaadaa kunis karaa lamaan uumamee jira. Isaan keessaa inni tokko, hariiroo gubbaa-gadii yoo ta’u, inni lammataa immoo, hariiroo dalgeeti. Yaadotni gabatee keessatti dhiyaatanis kan agarsiisan jechootni waloon gargaarame walitti hidhaminsa yaadaa qabaachuudha.

Walitti hidhamuun kunimmoo, jechoonni walalicha keessatti dhiyaatan jalqaba irraa kaasanii amma dhumaatti yaadaan walitti hidhamuudhaan akka dhiyaataniif karaa ta'eera. Yoo kana jennus, yaadni qindoominaafi midhaagina qabu karaa dagatamuu hindandeenyeen namoota bira akka gahuuf gargaare jechuudha.

Gabatee 8: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "… Jedhe, Diggaa Saaqoo!" Keessatti

Mata Duree Walalichaa	Baay'ina Jechoota Walii Galaa Walalichaa	Jechootaafi Gaaleewwan Irra Deddeebi'aman	Amma Irra Deddeebi'aman
…Jedhe, Diggaa Saaqoo!	703	Koo	21
		Dhugaa	18
		Korma	13
		Jaarsaafi Horteesaa	13
		Horaafi horteesaa	12
		Jedheefi horteesaa	12
		Mootii	10
		Diggaa Saaqoo	10
		Kee	10

Akkaatummaan sadarkaa jechaa kun walaloo "Funyaan" jedhu keessattis sababii irra deddeebi'amuu jechootaatiin uumamuu danda'eera. Irra deddeebi'amuun kun yeroo meeqaaf akka uumameefi hariiroo gosa kamiitiin walitti hidhaminsa yaadaa akka uume gabatee armaan gadii irraa haa ilaallu.

Walaloo kana keessatti walitti hidhaminsi yaadaa eessatti akka uumame bira gahuudhaaf jechoota marmaarinsa agarsiisan faana dhahuun barbaachisaadha. Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti jechi armaan olii walalicha keessatti olaantummaan irra deddeebii agarsiisanii jiru. Irra deddeebi'amuu jechoota kanneeniitiin faayidaan argame bo'oowwan walaloo kana ijaaruuf waliin hiriiran gidduutti walitti hidhaminsi yaadaa uumamee, hariiroon jechoonni gubbaa-gadiifi dalgeen qaban akka jabaatuuf gargaaruu isaaniiti. Akkaataa kanaan dhiyaachuun, bo'oowwan walalichaa gidduutti walunannaan yaadaa akka uumamuuf haala mijataa uumuu danda'eera. Kunimmoo, ergaan walalichaa keessoo namaatti akka qabatu taasise.

Walaloo "Eeyyee!" jedhu keessattis waloon ergaasaa qindeessee dhiyeessuudhaaf akkaatummaa sadarkaa jechootaa gargaaramuutu mul'ata. Jechoonni marmaaran isaan kam? yeroo meeqa irra deddeebi'an? kanneen jedhan gabatee kanatti aanee jirurraa addaan baafachuu dandeenya.

Gabatee 9: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "Funyaan" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechootaafi gaaleewwan irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Funyaan	324	Gabaa	10
		Funyaan	7
		Ijaafi Horteesaa	6
		Ajaafi horteesaa	6

Gabatee 10: Marmaarinsa Jechootaa Walaloo "Eeyyee" Keessatti

Mata duree walalichaa	Baay'ina jechoota walii galaa walalichaa	Jechoota irra deddeebi'aman	Amma irra deddeebi'aman
Eeyyee!	682	Ittiin kan jedhuufi horteesaa	128
		Afaan kan jedhuufi horteesaa	42

Walalaloo kana keessattis sadarkaa jechaatti walitti hidhaminsa yaadaa cimaa ta'e akka uumamuuf waloon afaansaa yommuu faarsutti, irra deddeebi'amuu jechootaatti dhimma ba'eera. Irra deddeebi'amuu jechoota kanneeniitiif sababa kan ta'e, waloon afaan ofii yommuu faarsutti, afaanichaan gargaaramee maal maal akka hojjatu ibsachuuf itti gargaarame. Irra deddeebii jechoonni kunneen agarsiisaniin hariiroon gubbaa-gadiifi dalgee walalicha keessatti jabaatee akka uumamu taasisuu danda'aniiru. Kana yommuu jennus, jechoonni kunneen bo'oo tokko keessatti yommuu irra deddeebii agarsiisanitti hariiroo dalgee uumaniiru. Bo'oowwan garagaraa keessatti yeroo irra deddeebi'aman immoo, hariiroo gubbaa-gadii uumuun walitti hidhaminsa yaadaa akka uumamu gochuun ergaan qindoomina qabu akka darbuuf gargaaran jechuudha.

Akkaatummaa Sadarkaa Himaa Walaloowwan Filatamanii

Akkaatummaan sadarkaa himaa walaloo "abbaa hibboo" jedhu keessatti sababii marmaaruu himaatiin mul'atee jira. Kanas bo'oowwan walalichaa keessaa fudhannee yoo ilaalle, "ani gurraattuma" kan jedhutu bo'oowwan (6,8) irratti yeroo lama marmaarinsa agarsiisee jira. Hima irra deddeebi'ame kana yoo ilaalle, iddoo lachuutti kan dubbate gaaddidduudha. Walaloo kana keessatti marmaaruu hima kanaatiin wanti argame, walitti hidhaminsi yaadaa yaada olitti kaafameefi gaditti kaafame walunachiisuuf gargaaruudha.

Dabalataanis, walaloo "Arraa Gurbaa" jedhu keessatti akkaatummaa sadarkaa himaa keessaa kan hojiirra oole,

iddoowwan garagaraatti irra deddeebi'amuu himootaati. Bo'oowwan irra deddeebiin sadarkaa himaa keessatti mul'atan akka armaan gadii kanatti ilaaluu dandeenya.

Yaa bada fattee…, bada fattiittii!.....(bo'oowwan 1fi 38)

Hudhi ciriqii, ija haababaastuu! .....(bo'oowwan 3fi 32)

Cufi ujummoo 'shee afuurri haa cituu……(bo'oowwan 4fi 31)

Kottee ol kaastee haa wixxifattu……(bo'oowwan 5fi 33)

Micciirii hudhi, afuura kuti, ammaa arganaa……(bo'oowwan 12fi 40)

Qabdee gadhiisanaan, badde yaa fattee, badde barana!.....(bo'oowwan 13fi 41)

Yookaan kunoo amma, yookaan yoomiyyuu……(bo'oowwan 14fi 36)

Kan duutee baddu, yookan lubbuunkee fayyu!.....(bo'oowwan 15fi 37)

Bo'oowwan armaan olii irraa kan hubatamu, sababii marmaarinsa himootaatiin walitti hidhaminsi yaadaa karaa hariiroo dalgeefi gubbaa-gadiitiin uumamuudha. Bo'oowwan kanneen keessatti bo'oon walaloo tokkoo akkuma jiruun iddoo birootti irra deebi'eera. Akka kanaan dhiyaachuun kunimmoo, hariiroo dalgeefi gubbaa-gadiitiin bo'oowwan walaloo kanaa keessatti walitti hidhamuun yaadaa akka uumamuuf sababa ta'uudha. Kanatu ergaan darbe yeroo dheeraaf keessa namaa akka turuuf haala mijeesse.

Akkaatummaan sadarkaa himaa kun walaloo "Mana Cina Karaa" jedhu keessatti illee, sababa himootni iddoowwan garagaraatti marmaarinsa agarsiisaniin hojiirra ooleera. Fakkeenyaaf,

Na bushadhaa!……..bo'oowwan (8,12)

Warra qe'ee kanaa…!.....bo'oowwan (12,13)

Maaloo oluma deemaa; koottaa oluma seenaa…….bo'oowwan (15,17)

Hin mukaayinaakaa; maaloo haasawaa malee!.....bo'oowwan (42,69)

"Abeet…!" Jedhe sagaleen, waamicha owwaate……..bo'oowwan (39,54)

Taa'uuf gatantara….bo'oowwan (23,114)

Akkaataa armaan olitti mul'atuun marmaaruun himoota kanneenii, walalichi walitti hidhaminsa yaadaatiin jabaachuu agarsiisa. Kana jechuunis, himoonni kunneen jalqabaa kaasee hanga dhumaatti yaada ijoo qabachuudhaan bo'oowwan walaloo waliin hiriiran gidduutti hariiroon akka jabaatuuf gargaaraniiru. Yaadni gubbaatti kaafame dagatamaa akka hinadeemneef gadittis kaasuun yaada gubbaafi gad jiru walitti hidhuuf akka

haphee yookiin walitti hiituutti gargaaruu namatti agarsiisa.

Akkaatummaan sadarkaa himaa walaloo "…Jedhe, Diggaa Saaqoo!" jedhu keessatti, sababii marmaarinsa himootni agarsiisaniin uumamaniiru. Kunneenis, akka armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

Korma hin qabu…….(1,5,89,159,163)

Morma hin dhabu……..…(2,6,90,160,164)

Anuu korma……. (10,152, 168)

Hardhaa kaasee anuu beeka (111,136,140,)

Himoonni armaan olitti dhiyaatan bo'oowwan garagaraa keessatti marmaarinsa qabu. Marmaaruu isaaniitiin kan argame, walitti hidhaminsi yaadaa uumamuudhaan hariiroon jabaa ta'e bo'oowwan walalichaa gubbaa amma gadii jiran gidduu akka jiraatu taasisuudha. Kanamalees, waloon bo'oowwan ergaa jajjabaa qabaniifi xiyyeeffannoo barbaadan kanneen irra deddeebisuudhaan hojiirra oolchuun ergaan jabaa ta'eefi qindoomina qabu akka yaadatamaa hafuuf gargaaree jira.

Akkaatummaan sadarkaa himaa kun walaloo "Eeyyee!" jedhu keessattis mul'atee jira. Kunis, sababa marmaaruu himootaatiin walqabata. Walaloo kana keessatti hariiroo dalgee uumuuf marmaartii kan agarsiise bo'oo (159) irratti kan argamu "Nan beeka! Nan beeka!" kan jedhudha. Bo'oo kana keessatti akkuma hubatamu, hima "Nan beeka!" jedhutu yeroo lamaaf irra deddeebii qaba. Irra deddeebi'amuu kanaan immoo, hariiroon dalgee bo'icha keessatti uumamuudhaan walitti hidhaminsi yaadaa akka jiraatuuf sababa ta'eera.

Akkaatummaa Sadarkaa Hiikaa Walaloowwan Filatamanii

Akkaatummaa sadarkaa hiikaa keessaa walaloo "geeraruu, moo yeelalu?" jedhu keessatti hiikni kan ijaarame karaa mul'ataafi dhokataa ta'eenidha. Hiikaa kana argachuufis, maalummaa namicha geeraraa kanaafi ergaa geerarsa isaa keessa jiru gad fageenyaan ilaaluuf jechoota irra deddeebii uuman faana dhahuun barbaachisaadha. Hiikni faana dha'ame namicha/geeraraa isa jedhuudha. Namichicha keessatti waldiddaa cimaatu uumame. Kanaafis agarsiiftuun, keessi isaa inni tokko, waan taate waan hinqabneef "geerari" yoo jedhuun, inni biroon immoo, jireenyakee keessatti maal hintaane? kanaafuu, yeelali malee hingeerariin ittiin jedha. Deebisee immoo "maal ta'eetan yeelala" jedha. Yaadota waliin morman kanarraa kan hubatamu, kan waa hintaane akka geeraruufi kan waa ta'e immoo akka

yeelalutu hubatama. Kunis kan ibsu, waldiduu keessoo namichichaati.

Akkaatummaan sadarkaa hiikaa walaloo "abbaa hibboo" jedhu keessatti jireenya dhugaa keessatti qaama lama warra waliif finna cimaa ta'an (namaafi gaaddidduusaa) gidduutti waldiddaa uumuun dhiyeessee jira. Namichi/abbaa gaaddidduu kana akka sadiitti ilaaluun nidanda'ama. Inni jalqabaa, namichuma abbaa gaaddidduu sanadha. Inni lammataa immoo, dhaloota (itti fufiinsa sanyiiti). Inni sadaffaan, ilma/ilmaan isaa ta'u. Abbaan gaaddidduu kun akka seenaa gaarii hawaasa isaa biratti, ilmaan isaa biratti, ... hinqabne waan beekuuf gaaddidduu isaatiin fakkeessee dhaloota egereetiin "na fakkaachuu didaa!" jedhee gorsa. Abbaan hibboo kun akkaataa ittiin ofitti dubbatu faana dhahuun gara sookoo dubbii isaa barbaaduutti yoo seenne, bo'oo (8) irratti kan argamu "fakkaachuu 'na hindidduu?" kan jedhu kan biraa fakkaachuu kana na hindidduu yaa garaa koo?, yaa sammuu koo?... jechaa akka jiru ibsa. Kun immoo, of ceepha'uusaa mul'isa. Kanaaf ragaan, of taajjabee ofitti dubbachuu isaati. Gaaddidduun dhaloota, ilma/ilmaan abbaa gaaddidduufi namichuma/ abbaa hibboo sana bakka buuti. Kanas, hiika sookoon yoo ilaallu, namichumti sun of taajjabuun ofiidhuma isaatiin ofitti dubbachaa jiraachuusaa bakka buuti. Gaaddidduun dhaloota namichaa yommuu bakka buutu abbaa hibbootiin "ani si hinfakkaadhu" jetti. Ati addaattus, gurraachoftus ani ofuman fakkaadha jechuu isheetu hubatama. Namichichuma yommuu bakka buutu, gar-tokkoon namichaa eenyummaa isaa isa dhugaa, isa namicha ganetti isa himu bakka bu'uutu hubatama.

Walaloo "imimmaan dubartii" jedhus yoo ilaalle, sadarkaalee jireenya hawaasaa keessatti waliin jiraachuun yommuu taasifamu, inni tokko garaa laafaa, kaan garaa jabaachuun ni jiraata. Ta'us, kaan waliif obsee, kaan immoo waliif obsuu kana dadhabuudhaan tarkaanfii walirratti fudhachuudhaan carraa waliin jiraachuu qabu diiga. Walalicha keessatti waloon koorniyaa waliif faallaa ta'e fudhachuudhaan amala isaan irratti mul'atu waliin qindeessee walaloomsa. Hiikaa walalichaa argachuufis dubartiin maali? Dhiirri hoo? Dubartiin akka boochuu, kan imimmaan ishii daangaa hinqabneetti fakkeeffamte. Imimmaan dubartiitti kan daa'imaatiin walfakkaatee dhiyaate. Ammoo, dubartii ishii jalqabarratti gad buute deebisee ol kaasa. Dubartittii akka haadhaatti, akka gara-laaftuutti, imimmaan calaltuutti, onnachiiftuutti dhiyaatte. Dhiira yommuu ibsu immoo, bo'oowwan (5,6,7,8) akka gootummaa qabuutti, akka

dhiiga boo'uutti, keessa bahuudhaan onneen isaallee machaa'uudhaan akka isa hadhooftuu diddiguutti dhiyaateera.

Walaloo "kaleessarra bor wayya" jedhu keessatti akkaatummaa sadarkaa hiikaa argachuuf jechoota yaada ijoo qabatanii jiran faana dhahuun barbaachisaadha. Jechoonni yaada ijoo of keessaa qaban kanneen akka kaleessa, boriifi hadha jedhaniidha. Kaleessi akka lamatti ilaalamuu danda'a. Inni tokko, guyyaa jiraatamee keessa darbamedha. Sookoon isaa, seenaa dabarsan; bu'aa ba'ii jireenya kallattii adda addaatiin dabarsan ilaallata. Hadhi kaleessaafi bor gidduutti dhiyaateera. Hadhi waloon gargaarame kun, guyyaa qofa osoo hintaane dhaloota warra kaleessaa irraa imaanaa fuuchuun osoo warra boruutti hindabarsiin hafe bakka bu'a. Irbuun gameessaa warra kana biratti bade. Kanaaf, ragaan bo'oo (5) "meerreree irbuun gameessaa?" kan jedhuudha. Bo'oo kana keessatti walootu warra hadhaa irbuu bade meerre? jedhee gaafata. Warri hadhaa warra kaleessaafi warra boruu akka riqichaatti walitti fiduu osoo qabanii ofiifuu imaanaa gataniiru. Kanaafuu, "hadhi" dhaloota imaanaa karaatti gate bakka buufameera. Hiikaan jecha "bor" jechuus abdii; waan 'na bira gaha' yookiin 'biran gaha' jedhanii eeggataniidha. Waloon jechoota maqaa guyyootaa fakkaatan kanneenitti gargaaramuudhaan ergaasaa maqsee dabarfateera. Hiikaan maqaa guyyootaa keessa dhokatee dhufe jijjiiramuu haalotaati. Jijjiiramuu kanneen keessa irbuun warra Orom-durii bade. Kanaaf, waloonis, irbuun bade akka barbaadamuuf "meerreree irbuun gameessaa?" jedhee gaafata.

Walaloo "sareen baasa baaftee" jedhus yoo ilaalle, dhalli namaa bineensa gara ofiitti madaksee wajjin jiraachuu nama yaadachiisa. Kanarraa ka'uun, sareefi warra ishii gidduutti waldiddaa uumame irraa walaloo ijaare. Walalicha keessatti sareen eegduudha; ammoo ni tuffatamte. Tuffii ishiirra gahe ibsachuuf mammaaksatti dhimma baate. Warra ishiitiin "osooma beeknuu huuba wajjin nyaanna" ittiin jette. Nyaata lafatti darbatameef kan huubaan makame nyaachuu… hunda dandeessee jiraatte. Kanatu akka mammaaktuuf ishii kakaase. Sareen kun mammaaktee qofa dhiifte osoo hintaane, ejjannoo isheellee bo'oowwan (5,6) irratti "yoo nuuf sifa'e nuuf sifa'e," yoo hintaane, "baafnee ganna" jechuun ibsatteetti. Wanti waloon sareetti qabachuun miliqsee dabarfate, sirnoota mootummoota darbanii warra dafqa ummattoota cunqurfamoo nyaatan ittiin qeequufidha. Qooddataan biroo qooda

fudhate “warra” kan jedhuudha. Warri kun warra waa adda hinbaafanne; dadhabbii namaa kan gara balleessan ta’anii dhiyaataniiru. Akkasumas, tuffiidhaan guutamoodha. Jechoota faana dhahaman kanneen irraa kan hubatamu, waloon ergaa isaa dabarfachuuf hiikaa maqsuudha. Kunis, dubbistoonni hiika maqe kana itti dhimmuun qotanii akka baasaniif gargaare.

Akkaatummaa sadarkaa hiikaa walaloo “Arraa gurbaa!” eenyummaa qooddattoota walalichaa faana dhahuun barbaachisaadha. Kanaafis, hiika walaloo kanaa bira gahuuf gaaffiiwwan kanneen akka fatteen eenyu? Allaattiin hoo? Akkasumallee bofaafi eenyummaa ishiin qabattee argamte tokko tokkoon dhiyaateera. Fatteen yookiin raachi akkuma bo’oowwan (18,20,22) keessatti amaloota akka hadhaa dhabuu, qulqulluufi garraamii ta’uu gonfattee dhiyaatteetti. Hadhaa dhabduyyuu, bo’oo (29) kan diina ittiin ofirraa dhoowwitu irreefi sammuu akka qabdutu ibsame. Kanatti gargaaramuun warra ishii miidhuu barbaadan jabaattee morma qabatteetti. Kunis xumura diddaa garbummaa Oromoon gaggeesse ibsa. Kana kan agarsiisu, bo’oowwan (14,16,36,37) keessatti waloon fattee yommuu gorsu, “yoo jabaattee akka morma huutetti ciriq goote, lubbuunkee kan fayyu amma; qabaa laaffistee allaattiittiin kan sirkaa baatu yoo ta’e immoo, duutee baduunkees ammuma” ittiin jedha. Allaattiin immoo, diina fattee taatee dhiyaatte. Bo’oo (2) keessatti allaattiitu guutummaa fatteettii liqimsuudhaaf afaan kaawwate. Fatteen immoo, of oolchuudhaaf allaattii afaan ishii kaawwattee morma huuteetti. Waloonis, fattee kana jabeessuuf “Arraa Gurbaa” ittiin jedha. Bofti bo’oowwan (23,25,26) keessatti akka hiddituutti dhiyeeffamte. Akkuma bo’oowwan dhiyaatan kanarraa hubachuun danda’amu, bofti hadhaa of keessaa qabduun allaattii ishii fattee nyaattuyyuu gororsitee akka du’u gooti. Sababiin isaas, bofti garraamii akka fattee osoo hintaane of oolchuudhaaf summii of keessaa qabduun diina ofirraa dhoowwiti. Kunis, bo’oo (20) keessatti “utuu akka kaanii hadhaa qabaattee” jedhee isa onnachiisuu irraa hubatama.

Walaloo “Mana Cina Karaa” keessatti akkaatummaan sadarkaa hiikaa maal akka fakkaatu ilaaluuf, yaadota ijoo faana yoo dhoofnu “Keessummaan Galgalaa” kan jedhame amaloota walxaxaan dhiyaatee jira. Isaanis bakka itti dhi’e kan bulu, kaayyoo malee kan deemu, mana argetti kan gorudha. Amalli biroo, namicha kanaaf kenname karaa deemaa, kaayyoo kan hinqabne, iddoo hinbeekne, beela’aa, galaa of harkaa kan hinqabne ta’ee dhiyaateera.

Kanatu, kallattii garagaraatiin walalichi akka ilaalamuuf haala mijeesse. Kana jechuunis, namichuma tokkicha kallaattii hedduun takka akka beela'aa, takkas akka kara-deemaa, takka immoo akka jooraa… akka ilaalluuf nu gargaare. Abbaan warraa qe'ee sanaa immoo, iddoo oolu oolee qe'ee ofiitti kan galu ta'ee dhiyaateera. Qe'ee ofiisaatti maatii isaa waliin beelaaf osoo harka hinkennatiin jiraata. Nama qe'eesaa bulchudha. Kanarraa kan ka'e, kaayyoo malee kan deemu qe'ee isaatti kan gore halkan walakkaadhaan ofirraa ari'ate. Walalichi namicha ari'ame kana qe'ee isaatti ingalaa-hingaluu abbaatu beeka mooji jedhee xumura. Kanatu keessummaa kaayyoo malee deemu akka ofirraa galchu taasise.

Manni cina karaa immoo, kan abbaanumti arge itti goree bulee darbu taatee dhiyaatte. Warri manicha keessa jiraatan kan dhufeef barcuma kennuudhaan beekamoodha. Ta'uyyuu, sababii goginsaafi baay'ina keessummaa irraa kan ka'e midhaan nyaatanillee manaa dhabaniiru. Maqaan ijoollee isaanii faallaa haala jireenya isaaniiti. Maqaan ijoollota isaaniis inni angafaa "Bishaan Harkaa", inni gidduu "Irbaata Keessummaa"fi quxisuun "Midhaan Ammaa" jedhamu. Maqaan ijoollee kanaa qalbiin namaa onnachuun nyaanni keessummaan galgalaa nyaachuuf gorora coccobsu ni dhufa moo ni hafa? gaaffii jedhu sammuu namaa keessatti uumuun qalbii namaa rarraasaa geessee dhumarratti karaa hineegamneen maqaa namaa taasisee xumura. Egaa, kanatu walalichaaf midhaagina kennee ergaasaa gadi-faginaan faana akka dhahan nama taasisa.

Walaloo "Funyaan" jedhu keessattis sadarkaa hiikaa argachuudhaaf qooddattoota walalicha keessatti qooda fudhataniifi amaloota isaan ittiin dhiyaatan hubachuun barbaachisaadha. Argu-ittareen asiifi achii walitti haree waan nyaateef goodaa "Bakkee Jamaa" jedhamutti udaan age. Amalli namichi kun ittiin dhiyaate, gorsa firaa kan hinjaalanne, safaraafi safuu kan hinqabne. Kanatu akka inni salgan namaa keessatti salphatuu isa taasise. Amalli biroon bo'oo (7) keessa jiru, heeraafi seera cabsuudhaan hunda saamee nyaachuu isaati. Kunimmoo, malaammaltummaa jiruu godhachuusaa agarsiisa. Naimichi kun gabaa keessatti haguudhaan gabaa gargar tamsaase. Amallisaa biraan, bo'oowwan (38-40) keessatti argamu badii ofii uume, ofitti fudhatee ajaasaa ofirraa dhiqee ummatichatti dabalamuu irra, ajaa sana dhoksachuuf ummaticharratti balaan kanneen akka tatamsa'uu bo'oo (42), bubbeefi bakakkaan dhumuu bo'oo (43),

dukkanni irra garagaluu bo'oo (46), cabbiifi yandoon bo'oo (47) akka dhufu hawwa. Akkasumas, bo'oo (51) ummaticharraa funyaan muruu, irrra darbuun iyyuu Waaqayyoonuu kan qeeqedha.

Gabaan akka bo'oo (8) keessatti dhiyaateen salgan namaati. Walaloon gabaa kana ummaticha bal'aa/salgan namaa jedhee bakka buuseera. Gabaan akka bo'oowwan (26-29) keessatti dhiyaatetti isa waa gurguruufi waa bitachuuf bahedha. Ta'uyyuu, ajaa irraa kan ka'e walshakkee addaan baba'e. Kan waloon gabaa jedhee dhiyeesse, dhaabbataa (kan achii hindeemne) akka ta'e bo'oo (37) irraa argachuun nidanda'ama. Kunis kan ibsu, namoonni amala adda addaa qaban dhufanii yoo darban ummatichi achuma jiraachuu agarsiisuuf oole. Funyaan immoo, akka (waan ajaawuufi hinajoofne addaan baasutti) dhiyaateera. Hiikni kanas namoota ummata keessaa waan sirriifi sirrii hintaane addaan baasan bakka bu'a. Warra kanatti seenaa haqaqametu dafee itti mul'ata. Kanaaf, warra akkasii namoonni akka "argu-ittaree" balleessuu barbaadu. Kanas bo'oo (55) kan "funyaan akka badu yaadaan seera tuma," jedhurraa arganna.

GOOLABA

Qorannoo kana keessatti gooroowwan sadarkaa xiinqooqaa keessaa kanneen akka sadarkaa haala barreeffamaa, jechootaa, himaafi hiikatu yaaxxina akkaatummaatiin xiinxalamee dhiyaate. Kanumarraa ka'uun, dhumarratti argannoowwan kanatti aananii jiran bira ga'amanii jiru. Sadarkaan haala barreeffamaa walaloowwan filataman keessatti baay'inni birsagootaa akka walqixxaataniif sagaleewwan dubbiifi birsagootni haqamuudhaan, hudhaan bakka bu'uun mul'ateera. Walaloowwaniif xiyyeeffaffannoon addaa akka kennamuufis, jechoota muraasa ulaagaa tokko malee luuccessuun barreessuun hojiirra oolee jira. Qofaatti walaloowwan "Obomboleettii" keessaa fudhataman keessatti hojiirra kan oole, mallattoon gaaffiifi raajeffannoo yeroo tokkotti waliin galuudha. Kunis, si'a tokkotti yaada dhiyaateef deebii barbaaduun, achumaan raajeffachuuf illee gargaaruu nama hubachiisa. Walaloowwan "Anaan'yaa" keessaa fudhataman hundi immoo, qubeewwan xixiqqaadhaan jalqabuutu mul'ate. Addatti walaloo "abbaa hibboo" jedhu keessatti bo'oowwan muraasni sarara xiqqaadhaan eegalaniiru. Ulaagaa eeyyamu malee irraa maqinsaan jalqabni jechoota gidduu bo'oowwanii jiranii qubee guddaan barreeffamuunis argameera. Haalota barreeffamaa akkasiitiin dhiyaachuun walaloowwan kanneenii midhaaginaafi hawwattummaa addaa

gonfachiisuun xiyyeeffannoon itti kennamee ergaawwan faana akka dhahamaniif gargaareera.

Sadarkaa jechootaattis, sababii marmaarinsa jechootaatiin hariiroon gubbaa-gadiifi dalgee uumamuutu argame. Kanatu, walunannaa yaadaa uumuun yaadni qindoomina qabu walaloowwan kanneen keessatti akka hojiirra oolu taasise. Akkaatummaa sadarkaa himaa keessaas marmaarinsi himootaa walaloowwan "Anaan'yaa" keessaa "abbaa hibboo" qofa keessatti hojiirra oole. Walaloowwan "Obombooleettii" keessaa immoo, "Funyaan" kan jedhu irraa kan hafe kanneen biroo hunda keessatti dhimma itti ba'ameera. Marmaaruun himoota kanneenis, bo'oowwan walaloowwanii gidduutti walitti hidhaminsi yaadaa jabaatee akka mul'atuuf haala mijeesse.

Sadarkaan hiikaa walaloo "geeraruu, moo yeelalu?" jedhu keessatti jechoonni ijoon geeraraa/yeelalaa jedhan faana dha'amaniiru. Keessoon namichaa/geeraraa diddaa uumuudhaan geerari, lakkii yeelali malee hingeerariin ittiin jedha. Walaloo "abbaa hibboo" keessatti "abbaa hibboo"fi "gaaddidduu"tu xiyyeeffatame. Abbaan hibboo, of ta'uu dadhabuu irraa kan ka'e akka gaararraa shan fafakkaadha. Ta'uyyuu, gaaddidduu isaatiin "fakkaachuu na didi" jedha. Hiikni biroon abbaan gaaddidduu namichuma mataa isaati. Namicha kana keessi isaa iddoo lamatti qoodamuun inni tokko seenaaf, inni biraan immoo garaaf jiraata. Qooddataa lammaffaan, gaaddidduu kan jedhu yoo ta'u hiikni inni fe'atee dhufe of fakkaatanii jiraachuudha. Kanatu, eenyummaa abbaa gaadidduu isa of barbaadus bakka bu'ee dhiyaachuu namatti agarsiisa.

Walaloo "imimmaan dubartii" jedhu keessattis, dubartiifi dhiira kanneen jedhantu faana dhahame. Dubartiin hiikawwan kanneen akka (garaa laaftuu, haadhaafi onnachiiftuu) jedhan baatee socho'eera. Dhiirri immoo, (onnataa, ciniinnataafi goota) ta'uu of keessatti qabatee dhiyaate. Walaloo "kaleessarra bor wayya" jedhu keessattis jechoonni yaada ijoo walalichaa baatanii socho'an kanneen akka kaleessa, hadhafi bor jedhaniidha. Kaleessi, seenaa namichichi dabarse kan argarsiisu yommuu ta'u, bu'aa ba'ii jireenyaa gama (siyaasaa, diinagdee, hawaasummaan…) qooddataan/waloon dabarse agarsiise. Jecha hadha jedhu immoo, dhaloota imaanaan harkatti bade bakka bu'eera. Bor abdiin dhufaa akka jiru yookiin dhaloonni boruu isa kaleessaafi har'arra akka wayyan agarsiisuuf oole.

Walaloo “sareen baasa baaftee” jedhu keessatti sareefi warratu maqaa dhahame. Sareen (eegduu/waardiyyaa, ammoo tuffatamtuu, obsituu) taatee dhiyaattetti. Faallaa kanaatiin, sarittiin (didduu yookiin mirga ofiitiif kan falmattu) akka taatetu hubatame.

Walaloo “Arraa Gurbaa” jedhu keessatti jechoonni ijoon ergaa walalichaa baatanii socho’an kanneen akka fattee, allaattiifi bofadha. Fatteen (hadhaa kan hinqabne, qulqulluu/garraamii, garuu, irreefi sammuu kan qabdu) taatee dhiyaatteetti. Fatteen kun saba cunqurfamoo kanneen dhiibbaa alagaa jala turaniin ibsamte. Kunis daba warra shira xaxxootaatiin miidhamuu sabichaa nama hubachiisa. Allaattiinis (diinummaa fattee wajjin kan qabdu) fattee lafarraa balleessuuf kan kiyyeessitu taatee argamte. Bofni immoo, summii of keessaa qabuun allaattiifi kanneen biroo kan ofirraa dhoowwituudha. Walaloo “Mana Cina Karaa” jedhu keessatti, Keessummaan Galgalaa (kan bakka itti dhiye bulu, kara-deemaa, beela’aa, karoora kan hinqabne, jooraa,…) warra qe’ee Oromoo dhufanii akka keessummaatti jiraachuu hinbarbaanneen ibsame. Abbaan Warraa qee’eesaa kan jiraatu, kaayyoo malee isa deemu qe’ee ofirraa kan ari’u ta’ee dhiyaateera. Manittiin Cina Karaa, kan karaa deemaan hundi itti goree buluu barbaaduudha. Kunis lafa Oromoo isa abbaan arge itti bubbisuun walitti qabsiifamee ibsame.

Walaloo “Funyaan” jedhu keessatti (argu-ittaree, gabaafi funyaantu) faana dhahamee jira. Argu-ittareen (gabaa keessatti hage) kunis seenaa ajaawaa ummata keessatti hojjachuutti hiikame. Gabaan ummata; salgan namaa isa ajaan jeeeqameedha. Sababa seenaa dabaa irraa kan ka’e lagaan, amantiin kanneen addaan qoqqoodaman ta’uutu xiinxalame. Funyaan, nama dafee ajaa warra garaaf jiraatanii arguun bakka buufame. Argu-ittareenis, warra akka kanaa balleessuu, hidhuu, biyyaa ari’achuu akka irratti raawwachaa turetu hiika faana dhahamee kanaan dhiyaate.

Galata

Qorannoo kana keessatti gorsuudhaan beekumsa isaanii osoo hinqusatiin kallattii adda addaatiin beekumsa qaban kan gumaachan Tashoomaa Egeree (PhD)fi Magarsaa Dhinsaa (PhD) galata guddoo haa qabaatan. Akkasumallee, kitaabota walaloowwanii filataman kanneen kalaquudhaan warri “Jabaa” nuun jedhan Zaleelam Abarraafi Asafaa Tafarraa (PhD) isaaniif galanni furdaan kunooti. Ijaaramsa qorannichi barbaadu keessatti Ashannafii Balaay (PhD) birmannaa taasisaniif harka deebisoon isaanii galata haata’u.

Yuunivarsitii Bulee Horaa carraa barnootaa naaf kennuudhaan qorannoon kun akka hojjatamuuf sababa kan ta'eefi Yuunivarsitii Wallaggaa haalota baajataan walqabataniin qorannoo kana kan utubeen galata argadhaan dhaamsa kooti.

Waliigaltee Qorattootaa

Qorattoonni kunneen waraqaan kun maxxansaaf akka dhiyaatuuf seera maxxansaa 'Journal of Universal Sciences and Technology (JUST)' hordofu wajjin kan waliigalan ta'uu ni ibsu.

Madda Baajataa: Yuunivarsiitii Wallaggaa

Ibsa Qorattootaa

Qorannoon kun kan dhuunfaa keenyaa ta'uufi eessattuu kan hinmaxxanfamne ta'uullee ni mirkaneessina.

WABIILEE

Abrams, M. (1999). A Glossary of Literary Terms. Boston: Ear/ Mcpee.

Adil Eman, A. (2014). Stylistic Analysis of Two Selected Poems. Journal of College of Education for Women/ P-ISSN: 1680-8738 Vol 25(1).

Asafaa T. (2006). Anaan'yaa. Finfinnee

Aslam, S. and et al. (2014). Stylistics Analysis of The Poem 'Bereft' By Robert Frost. European Journal of Research and Reflection in Arts and Humanities Vol. 2 No. 1.

Cuddon, J. A. (1998). Literary Terms and Theory. England: Penguin Book.

Lazar, G. (2009). Literature and Language Teaching: A Guide for Teachers and Trainers. 19th printing. Cambridge University Press.

Leech . G. (1969). A Linguistic Guide to English Poetry. London: Longman.

Leech, G. and Short, Sh. (1981). Style in Fiction: A linguistic Introduction to English Fictional prose. Second Edition. London: Longman.

Shamkhi, D. (2015). A Stylistic Study of Love Poetry in English and Arabic. Republic of Iraq Ministry of Higher Education and Scientific Research University of Baghdad.

Sharma, L. (2018). A Stylistic Analysis of Tennyson's Poem 'The Eagle'. International Journal of Creative Research Thoughts. Volume 6, Issue 1. | ISSN: 2320-2882.

Short. M. (1996). Exploring The Language Of Poems, Plays and Prose. New York.

Stanford, J. (1999). Responding to Literature: Third Edition. Mountain View, California London Toronto: Mayfield Publishing Company.

Tashoomaa E. (2018). Qaaccessa Walaloo Zalaalam Abarraa “Ana, Anaafi Ana. Jimma University, IOS.

Widdowson, H. G. (2013). Stylistics and the Teaching of Literature. New York: Routledge is An Imprint of the Taylor & Francis Group, an Informal Business.

Zalaalam A. (2017). Obomboleettii. Finland: Dhaabbata Maxxansaa KTMP Group Korsholm Vasa/Finland.